# Daa’ima yeroo malee dhalate: torban 33 hanga 35tti dhalatan

Daa’imni kee yeroon dahumsaa osoo hin geenyeen duratti dhalatuun ni mala Yeroo malee dhalachuu jechuun daa’imni torban 37 osoo hin guutin duratti dhalate jechuudha.

## Sii fi daa’ima kee gargaaruu dandeenya

Daa’imni kee dafee, ykn xiqqoo yeroo malee ni dhalata jennee yoo yaanne. Daa’imni kee yeroo dhalate hospitaala turuu yoo barbaachise.

Dahumsa booda daa’ima kee kutaa qarqaarsa daa’imman dhiheenya dhalataniif (neonatal unit) itti kennamutti kunuunsa goonaaf Kuni bakki itti ta’uu danda’u:

- kutaa kunuunsa addaa daa’immanii (Special Care nursery yookiin SCN)
- kutaa kunuunsa cimaa daa’immanii (newborn intensive care unit yookiin NICU)

Waa’ee daa’ima keetii yeroo barbaaddetti nu waliin haasa’uu dandeessu.

## Mucaan kee lubbuun ni jiraataa?

Daa’imni kee carraan lubbuun jiraachuu daa’imman yeroo guutuutti dhalatan wajjiin baay’ee wal fakkaatu qaba.

Akkuma ulfa biroo:

- yoo rakkinni kan jiraatu tahe, yeroo baay’ee yeroo ulfa keetii scan irratti argina.
- yeroo dahumsaa rakkoon uumamuu danda’a.

## Yeroo daa’ima kee deettu

Garee kutaa qarqaarsa daa’imman dhiheenya dhalatanii (neonatal unit) irraa namni tokko ni argama.

Yeroo daa’imni kee dhalatu:

- waan daa’imni kee barbaadu si waliin haasofna, fi
- gara kutaa qarqaarsa daa’imman dhiheenya dhalataniitti (neonatal unit) geessina. Namni si qarqaaru daa’ima kee waliin gara kutaa qarqaarsa daa’imman dhiheenya dhalatanii (neonatal unit) si waliin deemuu dandaya

Daa’imni kee fi atilleen yeroo dahumsaatti fayyaa yoo taatan, daa’ima kee qoma kee irratti qabattee akka hammachuu dandeettu siif karoorsina. Kuni immoo akka daa’imni kee tasgabbaa’uu fi akka hoo’u gargaaruu danda’a.

Daa’ima keetiin akka walarguu dandeettu akkuma dahumsa booda wayyoofteen gara kutaa qarqaarsa daa’imman dhiheenya dhalatanii (neonatal unit) isin geessina.

## Daa’ima kee wajjin yeroo dabarsuu dandeessaa?

Eeyyee, haga dandeettutti daa’ima kee akka kunuunsiti si gargaarra. Halkanis ta’e guyyaa sa’aatii barbaaddanitti gara kutaa qarqaarsa daa’imman dhiheenya dhalatanii (neonatal unit) dhufuu dandeettan

Yeroo barbaaddanittis nu bilbiluu dandeessu.

Yeroo baay’ee daa’ima kee hammachuu fi haasa’uunii qabda. Qaamni keetii fi kan daa’ima keetii waltuquun isin hundaafuu gaarii.

Daa’imni kee yeroo gara manaatti galchuuf qophii tahetti of irratti amantiidhaan gara manaa akka galtan isin gargaarra.

## Daa’ima kee maaltu barbaachisuu dandaya?

Daa’imman xiqqo yeroo malee dhalatan yeroo baay’ee fayyaa qabu. Haa ta’u malee, rakkooleen irra deddeebi’anii mudatan keessaa:

- Qaamni itti qorruu
- Hammi sukkaara dhiigaa gadi bu’uu
- Suuta sooratuu

### Qaamni itti qorruu

Coomni qaamaa kan daa’imman dafanii dhalatanii kan daa’imman yeroo guutuutti dhalataniitiin gadi. Yeroo daa’ima hammattu qaamni keetii fi kan daa’ima yoo walxuqe akka qabbanni itti hin dhagayamne taha, garuu daa’imni kee wantoota asii gadii kanas barbaachisuuttu mala:

- inkubaatara akka itti hin hoo’ineef
- uffata hoo’aa yeroo siree banaa irra ciisan

## Sukkaarri dhiigaa gadi bu’uu

Daa’imman yeroo malee dhalatan irratti sukkaarri dhiigaa gadi bu’uun (“hypoglycaemia”) waan yeroo hedduu mudatu.

Hamma sukkaara dhiiga daa’ima keetii ilaaluuf qorannoo dhiigaa ni goona. Yoo sukkaarri dhiiga daa’ima keetiii gadi aanaa ta’e, daa’ima keetiif soorata dabalataa ykn bishaan dhangala’aa ujummoo keessaan kennamu (drip) kennuufii dandeenya.

## Soorachiisuu

Aanan harmaa daa’ima keetiif baay’ee barbaachisaa waan ta’eef eega deette yeroo muraasa booda aanan akka harma keetirra baasnu (elminu) si gargaarra. Aanan harmaa daa’ima keetii gahaa ta’e akka qabaattuf deeggarsa isiniif goona.

Jalqaba irratti daa’imni kee harma kee yeroo muraasaaf arraabuu fi xuuxuuf yaala. Akkuma daa’imni guddachaa deemuun dandeettiin harma xuuxuulleen ni fooyya’a, kanaaf harma irra deddeebiin hodha/hooti. Obsa qabaadhu, daa’imni guyyaa tokko tokko ni ynaatu guyyaa tokko tokko immoo ni didu, sun waanuma jirudha. Yeroo daa’imni kee fedhii qaba jettee yaaddatti aanan dhiheessiif.

Harma hoosisuun alatti, daa’imman baay’een isaanii soorata ujummoon (tuubboon) kan nasogastric tube jedhamuun kennamuuniifis barbaachisaa. Kunis tuubii baayyee xiqqaa afaan ykn funyaan daa’imaa keessaan aanan kallattiin gara garaachaatti kennamaaf. Gara torban 36 hanga 37tti daa’imman nyaata seeraan waan fudhataniif tuubboo sooratаа (nyaataa) kana barbaaduu dhabuutu mala.

Daa’imman tokko tokko aanaan xuunxoo (qarooraa aananii) ykn aanan harcee (foormulaa) barbaaduutu mala. Foormulaa kennuu keenya dura ykn karaa biraa fayyadamuun daa’ima kee nyaachisuu keenyaan duratti, akkaataa daa’ima kee itti nyaachisuu barbaaddan isin waliin haasofna.

## Dhukkuba Jawandisii (Jaundice)

Jaundice dhukkuba baayyee mul’atuudha. Jawandisii (Jaundice) jechuun yeroo gogaan daa’ima keetii erga dhalatee booda seelonni dhiiga diimaa uumamaan caccabuu irraa kan ka’een gogaan namaa keelloo ta’uudha.

Sadarkaa Jawandisii daa’ima keetii ilaaluuf qorannoo dhiigaa ni goona. Yoo daa’imni kee Jawandisii ol’aanaa qabaate, waldhaansa Footooteraapiin (phototherapy) jedhamu barbaachisa.

Footooteraapiin ifaa bifa cuquliisa (blue) fayyadamuun sadarkaa Jawandisii hirdhisa. Yeroo baayyee guyyaa 2 hanga 3f phototherapy kennina.

## Hubama (Infection)

Daa’imman xiqqoo yeroo malee dhalatan irratti infekshiniin baay’ee hin mul’atu. Daa’imni kee infekshinii qaba jennee yoo yaanne, dhalatee/dhalattee yeroo muraasa booda qoricha farra baakteeriyaa (antibiotics) kenninaaf.

Yeroo baayyee infekshiniin waan hin jirreef guyyoota 2’n jalqabaa keessatti qoricha farra baakteeriyaa dhaabuu dandeenya.

## Hargansuu

Daa’imman xiqqoo yeroo malee dhalatan baay’een isaanii hafuura baafachuuf gargaarsa tokkollee hin barbaachisu. Daa’imni kee hafuura baafachuuf gargaarsa Yoo barbaade, erga dhalatee booda guyyoota jalqabaa keessatti face mask ykn tuubboo hargansuu kan funyaanii (nasal prongs) kan jedhamu fayyadamuu dandeenya.

Daa’imni kee yeroo malee waan dhalateef jecha dhibee sombaan walqabatu kan yeroo dheeraaf irra turu ni godhata jennee hin yaannu.

# Daa’imni kee yoom gara manaatti deebi’uu danda’a?

Daa’ima hundaaf adda adda. Daa’imni kee gara manaatti osoo hin deemin dura:

- Waa dhuguu dandayuu
- Ulfaatina qaamaa dabaluu
- Teempireechare ofii sirrii ta’uu too’achuu dandayuu.

Daa’imni kee gara hospitaala mana keetiititti dhihoo jirutti dabarfamuu dandaya yoo kan:

- haala tasgabbaa’aa keessa jiraate/jiraatte
- xiqqoo hospitaala turuun barbaachise.

# Rakkoon yeroo dheeraa jiraa?

Daa’imman xiqqoo yeroo malee dhalatan baay’een isaanii rakkoo hin qabaatan.

Narsiin fayyaa haadholii fi daa’imaa kee, hakiimni naannoo keetii (GP) daa’imni kee yeroo guddatu hordoffii ni godhaaf. Yoo yaaddoo qabaatan gara ogeessa fayyaa daa’immanii (paediatrician) si erguu danda’u.

## Daataa Maaliif walitti qabna?

Daataa kutaa qarqaarsa daa’imman dhiheenya dhalatanii (neonatal unit) keessatti sababni walitti qabnuuf akkamitti daa’immanii fi maatiif kunuunsa garii akka itti kennuu dandeenyu baruuufi.

Odeeffannoolee abbicha daataan ilaallatuu (kan akka maqaa) waan irratti hin barroofneef, namni daataa kan eenyuu ta’uu adda baasuu hin dandayu. Waa’ee walitti qabama daataa keenyaa nu waliin haasa'uu dandeessu.

## Qorannoo ni hojjenna

Akkaataa kunuunsa fooyya’aa ta’e itti kennuu dandeenyu baruuf qorannoo ni goona. Daa’imni kee qorannoo keenya keessatti akka hirmaatu isin gaafachuu dandeenya. Lakki jechuu dandeetta, sihii fi daa’ima keetiifillee kunuunsi akkuma duraatti isin kunuunsina.

## Odeeffannoo dabalataaf

**The Royal Women’s Hospital (Hospitaala Dubartootaa Rooyal)**

(03) 8345 2000
thewomens.org.au
NICU maal akka fakkaatu ilaaluu yoo barbaaddan, video keenya asirratti daawwachuu dandeessu YouTube: ati.ta'i/2ohHvcxxF5s

## Turjumaana si barbaachisa?

Interpreter

Turjumaana yoo barbaadde gaafachuu dandeessa.

## Deeggarsa Jeequmsa Maatii (Family Violence Support)

**1800 Respect National Helpline (1800 Sarara Gargaarsa Biyyaalessaa Kabajaa)**

Yoo miidhaan saalaa, jeequmsa maatii ykn doorsifamte gargaarsa argachuu dandeessa.
Guyyaa yookiin halkan sa’aatii kamiyyuu bilbilu ni dandeessa.
1800 737 732 (24-hour support service)
1800respect.org.au

**Hubachiisa** Waraqaan kun odeeffannoo waliigalaa qofa dhiyeessa. Waa’ee fedhii kunuunsa fayyaa keetii ykn daa’ima keessanii gorsa addaa argachuuf, ogeessa fayyaa keessan irraa gorsa argachuu qabdu. Hospitaalli Royal Women’s Hospital kasaaraa yookiin miidhaa odeeffannoo kana irratti hundaa’uun dhufuuf itti gaafatamummaa hin fudhatu. Ati yookiin daa’imni kee gargaarsa hatattamaa yoo barbaaddan, gara kutaa balaa (emergency) naannoo kee jiru quunnami
© The Royal Women’s Hospital 2025